Waggaa 31 ffaa..... Lak. ..........5/2015
31ኛ ዓመት........ቁጥር............5/2015
31thyear ........... No. ..............5/2023

Finfinnee,..........Bitootessa 13 Bara 2014
ፊንፊኔ፣.............መጋቢት 13 ቀን 2014 ዓ.ም
Finfine,...........................March 22, 2022

# MAGALATA OROMIYAA
# መ ገ ለ ተ ኦ ሮ ሚ ያ
# MEGELETA OROMIA



| Gatiin Tokkoo ............. Qarshii<br>የአንዱ ዋጋ ...................... ብር<br>Unit Price ......................... Birr | To'annoo Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin Kan Bahe<br>በኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግስት በጨፌ ኦሮሚያ ጠባቂነት የወጣ | Lak. S. Poostaa ......... 21383-1000<br>የፖ.ሳ.ቁጥር .................21383-1000<br>P.O.Box ....................... 21383-1000 |
|---|---|---|





| QABIYYEE | ማውጫ | CONTENT |
|---|---|---|
| **Labsii Lak. 245/2014**<br>Labsii Gaachana Sirnaa Naannoo Oromiyaa Murteessuuf Bahe, Lakkoofsa 245/2014 ..................................Fuula 1 | **አዋጅ ቁጥር 245/2014**<br>የኦሮሚያ ክልል ጋቸና ሲርናን ለመወሰን የወጣ አዋጅ ቁጥር 245/2014 ......................ገጽ 1 | **Proclamation No. 245/2022**<br>Proclamation to Determine Oromia Region Gachana Sirna, Number 245/2022 ..................................Page 1 |



## Labsii Gaachana Sirnaa Naannoo Oromiyaa Murteessuuf Bahe, Lakkoofsa 245/2014

Ummanni Oromoo aadaafi dudhaa Sirna Gadaatiin gurmaa'ee nagaafi tasgabbii naannoofi dantaa isaa kabachiisaa ture gabbisuufi dagaagsuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Ummanni Naannichaa dammaqee, ijaarameefi hidhatee nagaafi tasgabbii isaa kabachiifachuu akka danda'u gurmaa'insa seeraan beekamtii qabuun hundeessuun waan barbaachiseef;

## የኦሮሚያ ክልል ጋቸና ሲርናን ለመወሰን የወጣ አዋጅ ቁጥር 245/2014

የኦሮሞ ሕዝብ በገዳ ሥርዓት መሠረት በመደራጀት የአካባቢውን ሠላምና ጸጥታ እንዲሁም ጥቅሙን ሲያስከብርበት የነበረውን ባህል እና ዕሴት ማዳበርና ማጎልበት አስፈላጊ ሆኖ በመገኘቱ፤

የክልሉ ህዝብ ነቅቶ፣ ተደራጅቶና ታጥቆ ሠላምና ጸጥታውን በአግባቡ ማስከበር እንዲችል የሚረዳው ሕጋዊ ዕውቅና ያለው አደረጃጀት መመሥረት በማስፈለጉ፤

## Proclamation to Determine Oromia Region Gachana Sirna, Number 245/2022

WHEREAS, it has become essential to enhance and bolster the valuable experience in which the Oromo people has been upholding the peace and stability of surrounding and interests being organized in the culture and value of Geda System;

WHEREAS, to enable the people in the region to be aware, organized and being armed, thereby protect its peace and security effectively, it is necessary to establish legally recognized organization;

Nagaafi tasgabbii naannichaa mirkaneessuuf hojiifi ittigaafatamummaa gurmaa'insa ummataa murteessuufi qindoomina qaama nageenyaa gidduu jiru karaa iftoomina qabuun tumuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Akkaataa Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa Fooyya'ee Bahe, Labsii Lakkoofsa 46/1994 Keewwata 49 (3) (a) tiin Labsiin kun bahee jira.

## Kutaa Tokko
## Tumaalee Waliigalaa

### 1. Mata Duree Gabaabaa

Labsiin kun "Labsii Gaachana Sirnaa Naannoo Oromiyaa, Lakkoofsa 245/2014" jedhamee waamamuu ni danda'a.

### 2. Hiika

Akkaataan jechichaa hiika biraa kan kennisiisuuf yoo ta'e malee, Labsii kana keessatti:

1) "Dirqama" jechuun ijaarama hawaasaa nagaafi tasgabbii kabachiisuuf gurmaa'e keessatti dhimma seeraan yookiin qaama aangoo qabuun akka raawwatuuf itti kenname jechuudha.
2) "Gaachana Sirnaa" jechuun sirna ummanni naannichaa duudhaafi aadaa sirna Gadaatiin ijaaramee fedhii, faayidaafi mirga isaatiif ittiin ofeeguufi oftiksu jechuudha.
3) "Gulantaa" jechuun akkaataa sadarkaa umrii sirna Gadaa keessatti tarraa'ee taa'een namoota umrii kana keessa jiraniif gahee, hojiifi dirqamni ittiin kennamu jechuudha.
4) "Gumii" jechuun Gumii Gaachana Sirnaa sadarkaa Gandaatti hundaa'e jechuudha.
5) "Hawaasa Dammaqe" jechuun Ummata Naannichaa mirga, dirqamaafi dantaa isaa beeke jechuudha.



የክልሉን ሠላምና ጸጥታ ለማረጋገጥ የተመሠረተውን የህዝብ አደረጃጀት ተግባርና ኃላፊነት መወሰን እና በጸጥታ አካላት መካከል ያለውን ቅንጅት ግልጽነት ባለው ሁኔታ መደንገግ አስፈላጊ ሆኖ በመገኘቱ፤

ተሻሽሎ በወጣው የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት ሕገ-መንግሥት አዋጅ ቁጥር 46/1994 አንቀጽ 49 (3) (ሀ) መሠረት ይህ አዋጅ ወጥቷል፡፡

## ክፍል አንድ
## ጠቅላላ ድንጋጌዎች

### 1. አጭር ርዕስ

ይህ አዋጅ "የኦሮሚያ ክልል ጋቸና ሲርና አዋጅ ቁጥር 245/2014" ተብሎ ሊጠቀስ ይችላል፡፡

### 2. ትርጓሜ

የቃሉ አገባብ ሌላ ትርጉም የሚያሰጠው ካልሆነ በስተቀር በዚህ አዋጅ ውስጥ፡-

1) "ግዴታ" ማለት ሰላምና ጸጥታን ለማስከበር በተደራጀ ማህበራዊ መዋቅር ውስጥ በሕግ ወይም ሥልጣን ባለው አካል እንዲፈፅም የተሰጠ ማለት ነው፡፡
2) "ጋቸና ሲርና" ማለት የክልሉ ህዝብ በገዳ ሥርዓት ዕሴትና ባህል መሠረት በመደራጀት ጥቅሙን፣ ፍላጎትና መብቱን የሚያስጠብቅበትና የሚያስከብርበት ማለት ነው፡፡
3) "ደረጃ" ማለት በገዳ ሥርዓት ውስጥ ተዘርዝረው በተቀመጡት የዕድሜ እርከኖች መሠረት በዚህ ዕድሜ እርከን ውስጥ ላሉ ሰዎች የሥራ ድርሻ፣ ተግባርና ግዴታ የሚሰጥበት ማለት ነው፡፡
4) "ጉባዔ" ማለት በቀበሌ ደረጃ የተቋቋመ የጋቸና ሲርና ጉባኤ ማለት ነው፡፡
5) "የነቃ ማሕበረሰብ" ማለት መብቱን፣ ግዴታውንና ጥቅሙን የሚያውቅ የክልሉ ህዝብ ማለት ነው፡፡



WHEREAS, with a view to ensure the peace and security of the region, it is found essential to determine the duties and responsibilities of the people's organization and to precisely provide the collaboration required to exist among the peace keeping bodies;

NOW, THEREFORE, in accordance with Article 49 (3) (a) of the Revised Oromia Regional State Constitution, Proclamation Number 46/2001, this proclamation is hereby proclaimed.

## Part One
## General Provisions

### 1. Short Title

This proclamation shall be cited as "Oromia Region Gachana Sirna Proclamation Number 245/2022."

### 2. Definitions

Unless the context requires, otherwise in this proclamation:

1) "Obligation" means obligation given to one to perform a duty legally or by authorized body in the societal organization organized for ensuring peace and security.
2) Gachana Sirna" means a system whereby the people in the region can be organized in the cultures and norms of Geda System to protect and defend its interests, benefits and rights.
3) "Grade" means the assignment of roles, functions and duties for persons of that age according to the age levels specified in the Geda system.
4) "Council" means the Council of Gachana Sirna established at kebele level.
5) "Conscious Society" means people of the region aware of its rights, obligations and interests.

6) "Hawaasa Ijaarame" jechuun Ummataa Naannichaa mirgaafi dirqama isaa beekee dantaa isaa kabachiifachuuf gurmaa'e jechuudha.
7) "Hidhataa Dhuunfaa" jechuun nama jiraataa Ganda Baadiyyaa yookiin Magaalaa ta'ee meeshaa waraanaa dhuunfaa qabu jechuudha.
8) "Mana Marii Nageenyaa" jechuun nageenyaa naannicha keessatti mirkaneessuufi rakkoolee nageenyaa qindoominaan furuuf bu'uura seera rogummaa qabuun sadarkaa Naannoo, Godinaa, Aanaafi Magaalota keessatti qaama hundaa'eedha.
9) "Miseensa Gaachana Sirnaa" jechuun ijaarama hawaasaa naannoo isaa keessatti miseensa ta'uun meeshaa waraanaa hidhatee yookiin osoo hin hidhatin nagaafi tasgabbii naannawa keessa jiraatu kabachiisuuf ummataan filatame jechuudha.
10) "Mootummaa" jechuun Mootummaa Naannoo Oromiyaati.
11) "Naannoo" jechuun Naannoo Oromiyaati.
12) "Waajjira" jechuuun Waajjira Milishaafi caasaa isaa sadarkaan jiru jechuudha.

**3. Ibsa Koornayaa**

Labsii kana keessatti jechi koornayaa dhiiraatiin ibsame dubartiis ni dabalata.

**4. Daangaa Raawwatiinsaa**

Labsiin kun gurmaa'insaafi miseensota Gaachana Sirnaa irratti raawwatiinsa ni qabaata.

6) "የተደራጀ ማሕበረሰብ" ማለት መብትና ግዴታውን በማወቅ ጥቅሙን ለማስጠበቅ የተደራጀ የክልሉ ህዝብ ማለት ነው፡፡
7) "የግል ታጣቂ" ማለት የገጠር ወይም ከተማ ቀበሌ ነዋሪ ሆኖ የግል የጦር መሳሪያ ያለው ሰው ማለት ነው፡፡
8) "የፀጥታ ምክር ቤት" ማለት በክልሉ ውስጥ ጸጥታን ለማረጋገጥና የጸጥታ ችግሮችን በቅንጅት ለመፍታት አግባብነት ባላቸው ህጎች መሰረት በክልል፣ በዞን፣ ወረዳና በከተማ ደረጃ የተቋቋመ አካል ማለት ነው፡፡
9) "የጋቸና ሲርና አባል" ማለት በአካባቢው የማህበረሰብ አደረጃጀት ውስጥ አባል በመሆን የጦር መሳሪያ በመታጠቅ ወይም ሳይታጠቅ የሚኖርበትን አካባቢ ሰላምና ጸጥታን ለማስከበር በህዝብ የተመረጠ አባል ማለት ነው፡፡
10) "መንግሥት" ማለት የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት ነው፡፡
11) "ክልል" ማለት የኦሮሚያ ክልል ነው፡፡
12) "ጽሕፈት ቤት" ማለት የሚሊሻ ጽሕፈት ቤት እና በየደረጃው ያሉ መዋቅሮቹ ማለት ነው፡፡

**3. የጾታ አገላለጽ**

በዚህ አዋጅ ውስጥ በወንድ ፆታ የተገለጸው ማንኛውም ቃል የሴት ፆታንም ይጨምራል፡፡

**4. የአፈጻጸም ወሰን**

ይህ አዋጅ በጋቻና ሲርና አደረጃጀት እና አባላቱ ላይ ተፈጻሚ ይሆናል፡፡

6) "Organized Society" means people of the region organized to protect its rights being aware of its rights and duties.
7) "Armed Individual" means a resident of rural or urban kebele who owns private arms.
8) "Security Council" means body established pursuant to the appropriate laws at the Regional, Zone, District and City levels so as to ensure peace in the region and avert security related problems through coordinated effort.
9) "Member of Gachana Sirna" means a person selected by the people in order to uphold the peace and stability of his living surrounding as a member in the society structure found in his surrounding being armed or not armed.
10) "Government" means Oromia Regional State Government.
11) "Region" means Oromia Region.
12) "Office" means Militia Office and its structures found at each hierarchy.

**3. Gender Reference**

In this proclamation, any expression in masculine gender shall include the feminine gender.

**4. Scope of Application**

This proclamation shall be applicable to all structures and members of Gachana Sirna.

## Kutaa Lama
## Hundeeffama, Asxaa, Kaayyoofi Sirna Bulchiinsa Gaachana Sirnaa

### 5. Hundeeffama

1) Gurmaa'insi ummataa kanaan booda "Gaachana Sirnaa" jedhamee waamamu Labsii kanaan hundaa'eera.
2) Ittiwaamamni Gaachana Sirnaa Bulchaa Gandaatiif ta'a.

### 6. Asxaa

1) Gaachanni sirnaa asxaa mataa isaa ni qabaata.
2) Akaakuun asxaafi haalli ittifayyadama isaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.

### 7. Kaayyoo Gaachana Sirnaa

Gaachanni Sirnaa kaayyoowwan armaan gadii ni qabaata:

1) Mirga, dantaafi faayidaa Ummata Naannichaa eeguun nagaafi tasgabbii kabachiisuuf;
2) Aadaafi duudhaa nagaafi tasgabbii Ummata Naannichaa gabbisuuf;
3) Dhaloonni amma jiruufi dhufu akkaataa aadaafi duudhaa sirna Gadaatiin nagaafi tasgabbii kabachiisuu keessatti gahee isaa akka bahatu taasisuun dhaloota dammaqe, ijarameefi hidhate ijaaruuf;
4) Ummata Naannichaa qindeessuudhaan Oromiyaa nagaafi tasgabbii qabdu ijaaruun fayyadamummaa ummataa mirkaneessuuf.

### 8. Qajeeltoo Bu'uuraa

Gaachanni Sirnaa qajeeltoowwan bu'uuraa armaan gadii irratti kan hundaa'e ta'uu qaba:

1) Foo'annoon, gurmaa'insiifi bulchiinsi Gaachana Sirnaa seera Naannichaa, biyyaafi waliigalteewwan idil-addunyaa mirga namoomaa ilaallatan kan kabaju;

## ክፍል ሁለት
## የጋቸና ሲርና መቋቋም፣ አርማ፣ ዓላማ እና አስተዳደር ሥርዓት

### 5. መቋቋም

1) ከዚህ በኋላ "ጋቸና ሲርና" ተብሎ የሚጠራ የሕዝብ አደረጃጀት በዚህ አዋጅ ተቋቁሟል፡፡
2) የጋቻና ሲርና ተጠሪነት ለቀበሌ አስተዳዳሪ ይሆናል፡፡

### 6. አርማ

1) ጋቻና ሲርና የራሱ የሆነ አርማ ይኖረዋል፡፡
2) የአርማው አይነት እና አጠቃቀሙ በሚወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል፡፡

### 7. የጋቻና ሲርና ዓላማ

ጋቸና ሲርና የሚከተሉት ዓላማዎች ይኖሩታል፡-

1) የክልሉን ህዝብ መብት፣ ፍላጎትና ጥቅም በመጠበቅ ሰላምና ጸጥታን ለማስከበር፤
2) የክልሉን ህዝብ ባህልና እሴት እንዲሁም ሰላምና ጸጥታ ለማስከበር፤
3) አሁን ያለውና የወደፊቱ ትውልድ በገዳ ሥርዓት ባህልና እሴት መሰረት በመደራጀት ሠላምና ጸጥታን በማስፈን ረገድ የበኩሉን ሚና እንዲጫወት በማድረግ የነቃ፣ የተደራጀ እና የታጠቀ ትውልድ ለመገንባት፤
4) የክልሉን ህዝብ በማደራጀትና በማቀናጀት ሠላምና ጸጥታ የሰፈነባት ኦሮሚያን በመገንባት የህዝቡን ተጠቃሚነት ለማረጋገጥ፡፡

### 8. መሠረታዊ መርሆዎች

ጋቸና ሲርና የሚከተሉት መሠረታዊ መርሆዎች ይኖሩታል፡-

1) የጋቸና ሲርና ምልመላ፣ አደረጃጀትና አስተዳደር የክልሉን፣ የሐገሪቱንና ዓለም አቀፍ የሰብአዊ መብትን የሚመለከቱ ስምምነቶች ሕግጋትን የሚያከብር፤

## Part Two
## Establishment, Emblem, Objective and Administrative System of Gachana Sirna

### 5. Establishment

1) People's organization, hereinafter called as "Gachana Sirna" is here by established by this proclamation.
2) The accountability of Gachana Sirna shall be to the Kebele Administrator.

### 6. Emblem

1) Gachana Sirna shall have its own Emblem.
2) Type of the Emblem and manner of its utilization shall be determined by the Regulation to be issued.

### 7. Objectives of Gachana Sirna

Gachana Sirna shall have the following objectives:

1) Ensuring peace and stability by protecting the rights, interests and benefits of the people in the region;
2) To enhance the culture and value as well as the peace and safety of the people in the region;
3) To build a vibrant, organized and armed generation by ensuring that the present and future generations play their role in maintaining peace and security in accordance with the cultures and norms of the Geda system;
4) To ensure the benefits of the people by organizing the people of the region thereby build peaceful and stable Oromia.

### 8. Basic Principles

Gachana Sirna shall have the following basic principles:

1) The recruitment, organization and administration of Gachana Sirna shall comply with the laws of the region, country and International Human Rights Covenants;

2) Nagaafi tasgabbii ummatichaa balaa kamirraayyuu kan ittisu;
3) Rakkoon uumamaa yookiin nam-tolcheen yammuu mudatutti tumsaafi gargaarsa kan taasisu;
4) Aadaafi duudhaalee hawaasaa kan kabajuufi kabachiisuu ta'uu.

**9. Hojiifi Ittigaafatamummaa Gaachana Sirnaa**

Gaachanni sirnaa hojiifi ittigaafatamummaa armaan gadii ni qabaata:

1) Nagaafi tasgabbii ni eega; ni kabachiisa;
2) Ol'aantummaan seeraa akka kabajamu qaamolee biroo waliin ni hojjeta;
3) Barbaachisummaa nageenya waloo irratti hawaasaaf hubannoo ni kenna;
4) Iddoowwan eegumsaa adda bahan ni eega;
5) Qaama dhimmi ilaalu waliin ta'uun sakatta'iinsa ni taasisa;
6) Namoota jiraataa gandichaa yookiin qe'ee isaa hin taane hordofuun eenyummaa isaanii ni mirkaneessa; qaama ilaaluuf odeeffannoo ni dabarsa;
7) Namoota yookiin garee nagaafi tasgabbii gandichaa booressan adda ni baasa; gorsuun ni deebisa; kan deebi'uu didan to'annaa seeraa jala akka oolan ni taasisa;
8) Qubannaa seeraan alaa ni ittisa; ni to'ata; qaama ilaallatuuf ni gabaasa;
9) Bu'uuraalee misoomaa ganda isaa keessatti argamaniif eegumsa ni taasisa;
10) Hojiilee biroo Waajjiricha irraa kennamaniif ni raawwata.

2) የህዝቡን ሰላምና ጸጥታ ከማንኛውም አደጋ የሚጠብቅ፤
3) ተፈጥሯዊ ወይም ሰው ሰራሽ አደጋዎች በሚያጋጥሙበት ጊዜ ድጋፍ እና ዕርዳታ የሚያደርግ፤
4) የማህበረሰቡን ባህልና እሴት ማክበርና ማስከበር፡፡

**9. የጋቸና ሲርና ተግባርና ኃላፊነት**

ጋቸና ሲርና የሚከተሉት ተግባራትና ኃላፊነቶች ይኖረዋል፡-

1) ሰላምን እና ጸጥታን ይጠብቃል፤ ያስከብራል፤
2) የህግ የበላይነት እንዲከበር ከሌሎች አካላት ጋር ይሠራል፤
3) በጋራ ደህንነት አስፈላጊነት ላይ ለህብረተሰቡ ግንዛቤ ይሰጣል፤
4) ለጥበቃ የተለዩ ቦታዎችን ጥበቃ ያደርጋል፤
5) ከሚመለከተው አካል ጋር በመሆን ፍተሻ ያካሄዳል፤
6) የቀበሌው ወይም የመንደሩ ነዋሪ ያልሆኑ ሰዎችን በመከታተል ማንነታቸውን ያረጋግጣል፤ ለሚመለከተው አካል መረጃ ያስተላልፋል፤
7) የቀበሌውን ሰላምና ጸጥታ የሚያውኩ ሰዎች ወይም ቡድኖችን ይለያል፤በምክር ይመልሳል፤ ለመመለስ አሻፈረኝ ያሉትን በህግ ቁጥጥር ሥር እነዲውሉ ያድጋል፤
8) ሕገ-ወጥ ሰፈራን ይከላከላል፤ ይቆጣጠራል፤ ለሚመለከተው አካል ሪፖርት ያደርጋል፤
9) በቀበሌው ላለው መሠረተ ልማቶች ጥበቃ ያደርጋል፤
10) ከጽሕፈት ቤቱ የሚሰጡትን ሌሎች ተግባራት ይፈጽማል፡፡

2) Safeguards the peace and stability of the people from any danger;
3) Provide help while natural and man made disasters happen.
4) Respects and upholds the culture and norms of the society.

**9. Duties and Responsibilities of Gachana Sirna**

Gachana Sirna shall have the following duties and responsibilities:

1) Enforce; maintains the peace and stability;
2) Work in collaboration with other bodies to ensure rule of law;
3) Create awareness of the people on the importance of collective peace;
4) Guards the places identified for such purpose;
5) Perform searching activity in collaboration with other bodies;
6) Follow up and verify the identity of persons that are not residents of the kebele or neighbor; sends information about them to the concerned body;
7) Identify persons or groups that disrupt the peace and stability of the kebele; advise and reinstate them; cause those who fail to correct themselves to be put under legal control;
8) Prevent; control illegal settlement; report same to the concerned body;
9) Give protection for development infrastructures found in his kebele;
10) Perform other duties assigned to him by the Office;

## 10. Gurmaa'insa Gaachana Sirnaa

1) Gaachanni Sirnaa gurmaa'insa saglii, tuutaa, humnaafi cibraa kan qabaatu ta'a.
2) Gurmaa'insi Gaachana Sirnaa hooggansa mataa isaa ni qabaata.
3) Gurmaa'insi Gaachana Sirnaa akkaataa gulantaa umriitiin sadarkaa armaan gadii irratti hundaa'uun kan raawwatamu ta'a:
(a) Dabballee (0-8);
(b) Gaammee (9-16);
(c) Kuusaa (17-24);
(d) Raaba (25-32);
(e) Doorii (33-40);
(f) Gadaa (41-48);
(g) Yuuba 1ffaa (49-56);
(h) Yuuba 2ffaa (57-64);
(i) Yuuba 3ffaa (65-72);
(j) Yuuba 4ffaa (73-80).
4) Namoonni Sadarkaa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 3 (a) fi (b) jalatti ibsaman kaadhimamtoota Gaachana Sirnaa ta'uun barnootaafi akkaataa qorqalbii ummatichaatiin akka guddatan kan taasifamu ta'a.
5) Namoonni Sadarkaa Keewwata kana Keewwata 3 (c-g) jalatti ibsaman miseensa guutuu Gaachana Sirnaa ta'uun hojii nagaafi tasgabbii Naannichaa kabachiisuu keessatti kan hirmaatan ta'a.
6) Namoonni Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 3 (h-j) jalatti ibsaman miseensota kabajaa ta'uun Gaachana Sirnaatiif akka gorsaatti kan tajaajilan ta'a.
7) Tarreeffamni Keewwata kanaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.

## 11. Foo'annoo

1) Miseensi Gaachana Sirnaa hirmaannaa jiraattoota gandaatiin kallattiin kan filatamu ta'a.

## 10. የጋቸና ሲርና አደረጃጀት

1) ጋቸና ሲርና የሰገሊ፣ ቱታ፣ ሁምና እና ጪብራ አደረጃጀት የሚኖረው ይሆናል፤
2) የጋቸና ሲርና አደረጃጀት የራሱ አመራር ይኖረዋል፤
3) የጋቸና ሲርና አደረጃጀት በእድሜ እርከን ተዋረድ መሰረት በሚከተሉት ደረጃዎች ላይ በመመሥረት የሚፈጸም ይሆናል፡-
(ሀ) ደበሌ (0 - 8) ፤
(ለ) ጋሜ (9 - 16) ፤
(ሐ) ኩሳ (17 - 24) ፤
(መ) ራባ (25 - 32) ፤
(ሠ) ዶሪ (33 - 40) ፤
(ረ) ገዳ (41 - 48) ፤
(ሰ) 1ኛ ዩባ (49 - 56) ፤
(ሸ) 2ኛ ዩባ (57 - 64) ፤
(ቀ) 3ኛ ዩባ (65 - 72) ፤
(በ) 4ኛ ዩባ (73 - 80) ።
4) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 3 (ሀ) እና (ለ) ስር የተገለጹት ሰዎች የጋቸና ሲርና ዕጩ በመሆን በትምህርትና በሕዝቡ ሥነ-ልቦና መሠረት እንዲያድጉ የሚደረግ ይሆናል።
5) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 3 (ሐ - ሰ) ስር የተገለጹት ሰዎች የጋቸና ሲርና ሙሉ አባል በመሆን በክልሉ ሰላምና ጸጥታ ማስከበር ሥራ ውስጥ የሚሳተፉ ይሆናል።
6) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 3 (ሸ - በ) ስር የተገለጹት ሰዎች የክብር ዓባል በመሆን ለጋቸና ሲርና እንደ አማካሪ የሚያገለግሉ ይሆናል።
7) የዚህ አንቀፅ ዝርዝር በሚወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል።

## 11. ምልመላ

1) የጋቸና ሲርና አባል በቀበሌው ነዋሪዎች በቀጥታ የሚመረጥ ይሆናል።

## 10. Structure of Gachana Sirna

1) Gachana Sirna shall have structures of sagli, tuta, humna and cibra.
2) Gachana Sirna structure shall have its own leadership/chain of command.
3) Structuring of Gachana Sirna shall be performed based on the following grades depending on the age levels:
(a) Debballe (0 - 8);
(b) Gamme (9 - 16);
(c) Kusa (17 - 24);
(d) Raba (25 - 32);
(e) Dori (33 - 40);
(f) Geda (41 -48);
(g) 1st Yuba (49 - 56);
(h) 2nd Yuba (57 - 64);
(i) 3rd Yuba (65 - 72);
(j) 4th Yuba (73 - 80).
4) Persons specified under level Sub Article 3 (a) and (b) of this Article shall be grown up according to the education and. psychological makeup of the people as candidates of Gachana Sirna.
5) Persons specified under level Sub Article 3 (c - g) of this Article shall be full members of Gachana Sirna and they shall take part in upholding the peace and stability of the region.
6) Persons specified under level Sub Article 3 (h - j) of this Article shall be honorable members of Gachana Sirna and they shall serve it as advisors.
7) Particulars of this Article shall be determined by the regulation to be issued.

## 11. Recruitment

1) Member of Gachana Sirna shall be directly selected by the residents of the kebele.

2) Namni miseensa Gaachana Sirnaa Naannichaa ta'ee filatamuu danda'u ulaagaalee armaan gadii guutuu qaba:
(a) Jiraataa Naannichaa kan ta'e, aadaafi duudhaa Naannichaa kan kabajuufi kabachiisu, afaan hojii Naannichaa dubbachuu kan danda'u, akkasumas akka barbaachisummaa isaatti barreessuufi dubbisuu kan danda'u;
(b) Gandicha keessatti yoo xiqqaate waggaa lamaafi sanaa ol kan jiraate;
(c) Miseensa qaama nageenyaa biroo ta'ee tajaajilaa kan hin jirre;
(d) Umriin isaa waggaa 18 gadi kan hin taaneefi waggaa 56 kan hin caalle;
(e) Heeraafi Sirna Heeraatiif amanamaa kan ta'e;
(f) Hawaasa Gandichaa biratti fudhatamummaafi naamusa ol'aanaa kan qabu;
(g) Yakkaan kan hin himatamne yookiin kan hin adabamne;
(h) Araada adda addaa irraa bilisa kan ta'e;
(i) Dhibee miseensa Gaachana Sirnaa ta'ee hojjechiisuu dhorku kan hin qabne.

## 12. Gahoomsuu

1) Miseensa Gaachana Sirnaatiif leenjiin barbaachisummaa Gaachana Sirnaa, barnoota duudhaa, aadaa, akkaataa sirna Gadaatiin gurmaa'uufi kan biroo hubannoofi qorqalbii gabbisan irratti qaamolee dhimmi ilaaluun kan kennamuuf ta'a.
2) Namni miseensa Gaachana Sirnaa ta'ee filatame kamiyyuu osoo dirqamni hojii itti hin kennamin dura leenjii gahumsa qaamaa, loltummaafi hubannoo mirga namoomaa fudhachuu qaba.
3) Leenjiin miseensota Gaachana Sirnaatiif kennamu yeroo yeroon ta'ee, kan yeroo gabaabaa yookiin dheeraa ta'uu ni danda'a.

2) የክልሉ ጋቸና ሲርና አባል ሆኖ የሚመረጥ ሰው የሚከተሉትን መስፈርቶች ማሟላት አለበት፡-
(ሀ) የክልሉ ነዋሪ የሆነ፣ የክልሉን ባሕልና እሴት የሚያከብርና የሚያስከብር፤ የክልሉን የሥራ ቋንቋ መናገር የሚችል፣ እንዲሁም እንደ አስፈላጊነቱ መጻፍና ማንበብ የሚችል፤
(ለ) በቀበሌው ውስጥ ቢያንስ ሁለት ዓመት ወይም ከዚያ በላይ የኖረ፤
(ሐ) የሌሎች የጸጥታ አካላት አባል ሆኖ ሲያገለግል ያልነበረ፤
(መ) ዕድሜው ከ18 ዓመት በታች እና ከ56 ዓመት በላይ ያልሆነ፤
(ሠ) ለሕገ-መንግሥቱ እና ለህገ-መንግስታዊ ስርዓቱ ታማኝ የሆነ፤
(ረ) በቀበሌው ማበረሰብ ዘንድ ተቀባይነት እና የላቀ ሥነ-ምግባር ያለው፤
(ሰ) በወንጀል ያልተከሰሰ ወይም ያልተቀጣ፤
(ሸ) ከተለያዩ ሱሶች ነፃ የሆነ፤
(ቀ) የጋቸና ሲርና አባል ሆኖ ለመስራት የሚከለክለው በሽታ የሌለበት።

## 12. ማብቃት

1) ለጋቸና ሲርና አባል ስለ ጋቸና ሲርና አስፈላጊነት ስልጠና እና ትምህርት፣ ስለ እሴትና ባህል እንዲሁም በገዳ ሥርዓት ሥለመደራጀት ሁኔታ እና ሌሎች ስነ-ልቦናን የሚያበለጽጉ ግንዛቤዎች በሚመለከታቸው አካላት የሚሰጠው ይሆናል።
2) ማንኛውም የጋቸና ሲርና ዓባል ሆኖ የተመረጠ ሰው ወደ ስራ ግዴታው ከመሠማራቱ በፊት የአካል ብቃት፣ የወታደራዊ እና የሰብአዊ መብት ግንዛቤ ማዳበሪያ ስልጠና መውሰድ አለበት።
3) ለጋቸና ሲርና አባል የሚሰጠው ስልጠና በየጊዜው ሆኖ፣ የአጭር ወይም የረዥም ጊዜ ሊሆን ይችላል።

2) Any person to be selected as member of the region's Gachana Sirna shall meet the following requirements:
(a) Shall be resident of the region who respects and protect the culture and value of the region; who can speak the working language of the region properly; who also writes and reads it as may be necessary; below
(b) Who lived for at least two or more years in the kebele;
(c) Who has not been serving as member of another peace keeping body;
(d) Not be below 18 and above 56 years of age;
(e) Be loyal to the Constitution and Constitutional System;
(f) Who has won high credibility and ethical conduct amongst the society of the kebele;
(g) Who has not been criminally charged or punished;
(h) Who is free from any kind of addiction;
(i) Who is free from disease that prevent him to serving as member of Gachana Sirna.

## 12. Capacity Building

1) Member of Gachana Sirna shall be provided with training on the necessity of Gachana Sirna, lesson on norms, culture, as to how be organized in Geda system and on other issues that help build up his understanding and mind set or attitude by the concerned bodies.
2) Any person selected as a member of Gachana Sirna, shall, before taking up a duty, receive training of physical fitness exercises, military and awareness on human rights.
3) Training to be provided for members of Gachana Sirna shall be from time to time; and it may be short-term or long-term training.

4) Leenjiin loltummaa Poolisii naannichaatiin kan kennamu ta'ee, akkaataa barbaachisummaa isaatti qaamolee nageenyaa kan birootiinis kennamuu ni danda'a.

### 13. Waadaa Seenuu

1) Namni miseensa Gaachana Sirnaa ta'ee leenjii fudhatee xumure kakuu raawwachuu qaba.
2) Qabiyyeen Kakuus:
"Ani _________, guyyaa har'aa miseensa Gaachana Sirnaa ta'ee dirqama yammuun fudhadhu biyyaafi Naannoo kootiif amanamaa ta'uun, Heeraafi seera kabajee kabachiisuun nagaafi tasgabbiin akka mirkanaa'u hojjechuuf, hojii koo akkaataa seeraatiin qofa raawwachuuf, iccitii hojii eeguun amanamummaafi haqummaan raawwachuuf waadaa nan seena."
3) Namni kakuu Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 jalatti ibsame raawwachuuf hayyamamaa hin taane miseensa Gaachana Sirnaa ta'ee hojjechuu hin danda'u.

### 14. Hidhannoo

1) Hidhannoon miseensa Gaachana Sirnaa mootummaafi ummataan dhiyaachuu ni danda'a.
2) Namni miseensa Gaachana Sirnaa ta'e yookiin ta'uuf fedhii qabu hidhannoo dhuunfaa akkaataa seera rogummaa qabuutiin galmeessisuun kan itti fayyadamu ta'a.
3) Miseensa Gaachana Sirnaa leenjii fudhatee yammuu hojiitti bobba'u akka barbaachisummaa hojichaatiin meeshaa waraanaa hidhachiisuun ni danda'ama.

4) ወታደራዊ ሥልጠና በክልሉ ፖሊስ የሚሰጥ ሆኖ፣ እንደ አስፈላጊነቱ በሌሎች የጸጥታ አካላትም ሊሰጥ ይችላል።

### 13. ቃለ-መሃላ

1) የጋቾና ሲርና ዓባል በመሆን ሥልጠናውን ያጠናቀቀ ሰው ቃለ-መሓላ መፈጸም አለበት።
2) የቃለ-መሓላው ይዘትም፡-
"እኔ _________ በዛሬው ቀን የጋቾና ሲርና አባል በመሆን ግዴታዬን ስቀበል ለሀገሬ እና ለክልሌ ታማኝ በመሆን፣ ህገ-መንግስቱንና ህጉን አክብሬ በማስከበር ሰላምና ጸጥታ እንዲረጋገጥ ለመስራት፣ ተግባሬን በህጉ መሠረት ብቻ ለማከናወን፣ እንዲሁም የሥራ ምስጢርን በመጠበቅ በታማኝነትና በፍትሃዊነት ለመፈጸም ቃል እገባለሁ።"
3) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 2 ስር የተገለጸውን ቃለ-መሓላ ለመፈጸም ፈቃደኛ ያልሆነ ሰው የጋቾና ሲርና አባል ሆኖ መሥራት አይችልም።

### 14. ትጥቅ

1) የጋቾና ሲርና ትጥቅ በመንግስት እና በህዝብ ሊቀርብ ይችላል።
2) የጋቾና ሲርና አባል ለመሆን ፍላጎት ያለው ሰው የግል ትጥቅን አግባብነት ባለው ሕግ መሰረት በማስመዝገብ የሚጠቀምበት ይሆናል፤
3) የጋቾና ሲርና አባል ሥልጠና ወስዶ በማጠናቀቅ ወደ ሥራ በሚሠማራበት ጊዜ ስራው እንደሚያስፈልገው ሁኔታ የጦር መሣሪያ ማስታጠቅ ይቻላል።

4) Military training shall be given by the police of the region; and it may also be provided by other peace keeping bodies as may be necessary.

### 13. Oath

1) Any member of Gachana Sirna who has completed training shall take an Oath.
2) Contents of the Oath shall be:
"I-----, while I bear my duty as a member of Gachana Sirna as of today, I hereby promise that being loyal to my country and region, that by respecting and protecting the constitution and other laws, to work for ensuring peace and stability/security, to undertake my duties only in accordance with the law; to perform duties faithfully and fairly through maintaining work confidentiality."
3) Any person not willing to take the Oath specified under Sub Article 2 of this Article shall not serve as a member of Gachana Sirna.

### 14. Arms

1) Armaments of member of Gachana Sirna may be provided by the government and the people.
2) A person who is a member or interested to be a member of Gachana Sirna shall use the private arms by registering it in accordance with relevant law.
3) While the member of Gachana Sirna who has taken training engage in to duty, he may be armed with firearms if the duty so requires.

**15. Bobbii**

1) Bobbiin Gaachana Sirnaa ajaja hooggansa dhiyoo irraa kennamuun ta'ee saglii, tuuta, humna yookiin cibraadhaan kan bobbaafaman ta'a.
2) Gaachanni Sirnaa nagaafi tasgabbii ummataa eegsisuuf akkaataa barbaachisummaa isaatti kan bobba'u ta'a.
3) Raawwiin Keewwata kanaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.

**16. To'annaa Meeshaa Waraanaa**

1) Hidhannoo miseensa Gaachana Sirnaa harka jiru irratti to'annaan ji'a jaha jahaan kan taasifamu ta'a.
2) Miseensi Gaachana Sirnaa kamiyyuu:
(a) meeshaa waraanaa harka jiru ji'a jaha jahaan qaamaan qabatee dhiyaatee lakkoofsisuufi galmeessisuu qaba.
(b) meeshaa waraanaa hojii nageenyaatiif hidhate ta'e jedhee yookiin dagannoodhaan yoo balleesse yookiin yoo cabse yookiin akka hin hojjenne yoo taasise yookiin nama biraatiif dabarsee yoo kenne yookiin akka dhiyeessu yeroo gaafatamutti dhiyeessuu yoo dide seeraan kan gaafatamu ta'a.
(c) meeshaa waraanaa rasaasaan ala jiru mootummaan hidhachiise ofeeggannoo taasisuu dhabee yoo gate yookiin qaama biraaf yoo dabarsee kenne yookiin yoo gurgure qarshii meeshaan waraanichaa ittiin bitame 30n baay'ifamee akka kaffalu ni taasifama.
(d) rasaasa kennameef sababa gahaa malee yoo gate yookiin yoo dhukaase gatii rasaasichaa 10n baay'ifamee kan kaffalchiifamu ta'a.
3) Haalli raawwii Keewwata kanaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.

**17. Mirga**

Miseensi Gaachana Sirnaa kamiyyuu mirga armaan gadii ni qabaata:

**15. ስምሪት**

1) ጋቸና ሲርና ስምሪት በቅርብ አመራር በሚሰጥ ትዕዛዝ ሆኖ በሰግሊ፣ በቱታ፣ በሁምና ወይም በጪብራ የሚሰማሩ ይሆናል፤
2) ጋቸና ሲርና የህዝቡን ሰላምና ጸጥታ ለማስከበር እንዳስፈላጊነቱ የሚሰማራ ይሆናል፤
3) የዚህ አንቀጽ አፈጻጸም በሚወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል፡፡

**16. የጦር መሣሪያ ቁጥጥር**

1) በጋቸና ሲርና አባል እጅ ያለ የጦር መሣሪያ በየስድስት ወሩ ቁጥጥር የሚደረግበት ይሆናል፡፡
2) ማንኛውም የጋቸና ሲርና አባል፦
(ሀ) በእጁ ያለውን የጦር መሳሪያ በየስድስት ወሩ በአካል ይዞ በመቅረብ ማስቆጠርና ማስመዝገብ አለበት፤
(ለ) ሆን ብሎ ወይም በቸልተኝነት ለጸጥታ ተግባር የታጠቀውን የጦር መሳሪያ ካበላሸ ወይም ከሰበረ ወይም እንዳይሰራ ካደረገ ወይም ለሌላ ሰው አሳልፎ ከሰጠ ወይም እንዲያቀርብ በሚጠየቅበት ጊዜ ለማቅረብ ፈቃደኛ ካልሆነ በህግ የሚጠየቅበት ይሆናል፤
(ሐ) መንግሥት ያስታጠቀውን ጥይት አልባ የሆነን የጦር መሳሪያ ጥንቃቄ ባለማድረግ ከጣለ ወይም ለሌላ አካል አሳልፎ ከሰጠ ወይም ከሸጠ የጦር መሳሪያው የተገዛበትን ዋጋ በ30 በማባዛት እንዲከፍል ይደረጋል፤
(መ) የተሰጠውን ጥይት ያለ በቂ ምክንያት ከጣለ ወይም የተኮሰ እንደሆነ የጥይቱ ዋጋ በ10 በማባዛት እንዲከፍል የሚደረግ ይሆናል፡፡
3) የዚህ አንቀጽ አፈጻጸም ሁኔታ በሚወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል፡፡

**17. መብት**

ማንኛውም የጋቸና ሲርና አባል የሚከተለው መብት ይኖረዋል፦

**15. Deployment**

1) Deployment of members of Gachana Sirna shall be by the command of immediate superior; and they shall be deployed in sagli, tuta, humna or chibra.
2) Gachana Sirna may be deployed as may be necessary to defend the peace and stability or security of the people.
3) The implementation particulars of this Article shall be determined by regulation to be issued.

**16. Control Of Weaponry**

1) Inspection of weapons in the possession of member of the Gachana Sirna shall be performed every six months.
2) Any member of Gachana Sirna shall:
(a) Bring in person and made registered the weapons at his possession in every six months intervals;
(b) Be legally liable where he intentionally or negligently damages or breaks down or make inoperative or transfer to another person or refuse the request to produce back the armaments in his possession for peace keeping purposes, he shall be held accountable;
(c) If he negligently vanishes or transferred to another body or sold the weapon without bullet which the government has armed him, he shall be made to reimburse 30 times the price of such weapon;
(d) If he lost or fired the bullet provided to him without sufficient reason, he shall be required to pay 10 times the price of such bullet.
3) Implementation particulars of this Article shall be determined by the regulation to be issued.

**17. Rights**

Any member of Gachana Sirna shall have the following rights:

1) Ajajoota isaa filachuufi filatamuu;
2) Hojii isaaf kenname irratti yaada isaa ifaafi bilisa ta'ee ibsuu;
3) Ajaja yookiin qajeelfama isaaf kennamu irratti odeeffannoo gahaa argachuu;
4) Dogoggora bulchiinsaa irratti raawwatameef iyyannoo dhiyeeffachuun murtii saffisaa argachuu;
5) Miidhaa qaamaa, qabeenyaafi wareegama isaafi maatii isaarra dhaqqabeef tajaajila yaalaafi deeggarsa argachuu;
6) Hojjetaa yoo ta'e, yeroo dirqamni itti kennameef mirga hayyama argachuu.

**18. Dirqama**

Miseensi Gaachana Sirnaa kamiyyuu dirqama armaan gadii ni qabaata:

1) Heeraafi sirna Heera Mootummaatiin hundeeffame kabajuufi kabachiisuuf;
2) Meeshaa waraanaa hidhate akkaataa seeraatiin hojii kennameef qofaaf itti fayyadamuuf;
3) Namni miseensa Gaachana Sirnaa ta'ee filatamu waraqaa eenyummeessaa Gaachana Sirnaa ta'uu isaa ibsu qabaachuu;
4) Dudhaalee, seerotaafi qajeeltoowwan mirga namoomaa kabajuufi kabachiisuuf;
5) Ummata waliin qindaa'ee nageenya naannawa isaa kabachiisuuf;
6) Ganda isaa keessatti yakki akka hin raawwatamne hordofuu, ittisuufi namoota yakka raawwatan seeraan qabee battalumatti Poolisitti dhiyeessuuf;
7) Loogummaafi faayidaan hojjechuu irraa bilisa ta'uuf;
8) Qajeelfamoota hojii seera qabeessa ta'an ajajaa ol'aanaa isaa irraa kennaman raawwachuufi raawwachiisuuf;



1) አዛዦቹን የመምረጥ እና የመመረጥ፤
2) በሚሰጡት ተግባራት ላይ አስተያየቱን ግልጽና ነጻ በመሆን የመግለጽ፤
3) በሚሰጠው ትዕዛዝ ወይም መመሪያን በተመለከተ በቂ መረጃ የማግኘት፤
4) የተፈፀመበትን አስተዳደራዊ በደሎች በሚመለከት አቤቱታ በማቅረብ ፈጣን ውሳኔ የማግኘት፤
5) በእርሱ እና በቤተሰቡ ለደረሰው የአካል ጉዳት፣ የንብረት መውደም እና መስዋዕት የመሆን ጉዳቶች የህክምና አገልግሎት እና ድጋፍ የማግኘት፤
6) ሠራተኛ ከሆነ ግዴታ ተሰጥቶት ባለበት ጊዜ ዕረፍት የማግኘት መብቶች፡፡

**18. ግዴታ**

ማንኛውም የጋቸና ሲርና አባል የሚከተለው ግዴታ ይኖረዋል፡-

1) ሕገ መንግሥቱንና ሕገ መንግሥታዊ ሥርዓቱን የማክበርና የማስከበር፤
2) የታጠቀውን የጦር መሳሪያ በህጉ መሰረት ለተሰጠው ተግባር ብቻ መጠቀም፤
3) የጋቸና ሲርና ዓባል ሆኖ የሚመረጥ ሰው የጋቻና ሲርና አብል መሆኑን የሚገልጽ መታወቂያ የመያዝ፤
4) የሰብአዊ መብት እሴቶች፣ ህጎችን እና መርሆዎችን የማክበር እና የማስከበር፤
5) ከህዝቡ ጋር በመቀናጀት የአካባቢውን ሠላምና ፀጥታ የማስከበር፤
6) በርሱ ቀበሌ ወንጀል እንዳይፈጸም መከታተል፣ መከላከል እና ወንጀል የፈጸሙ ሰዎችን በህጉ መሠረት በመያዝ ወዲያውኑ ለፖሊስ የማቅረብ፤
7) ከአድሎአዊነት እና በጥቅም ከመስራት መቆጠብ፤
8) ከበላይ አዛዦቹ የሚሰጡትን ህጋዊ የሥራ መመሪያዎችን የመፈጸም እና የማስፈጸም፤



1) To elect his commanders and to be elected;
2) To express his opinion on the duty assigned to him transparently and freely;
3) To get adequate information about the order or instruction assigned to him;
4) To appeal against administrative wrongs committed against him and acquire speedy decision;
5) To get medical services and supports for the bodily injury, property damage and sacrifice sustained by him or his families;
6) If he is a worker, to get leave while he is undergoing duty.

**18. Obligation**

Any member of Gachana Sirna shall have the following obligations:

1) To respect and uphold the constitution and constitutional order;
2) To use the weapons he is armed only for the duty he is provided in accordance with the law;
3) Person to be selected as a member of Gachana Sirna shall be provided identity card describing as he is a member of Gachana Sirna;
4) To respect and uphold the values, laws and principles of human rights;
5) To protect the peace and security of his locality in collaboration with the people;
6) To follow up; prevent offenses from his kebele; legally apprehend and forthwith take to the police those who commit crimes;
7) To be free from bias and benefit seeking practices in discharging his duty;
8) To execute and cause to be executed the lawful orders given from his superior;

9) Hawaasa biratti fakkeenyummaa gaarii qabaachuuf;
10) Sochii misoomaafi hawaasummaa naannawa isaatti gaggeeffamu keessatti adda durummaan hirmaachuuf;
11) Humnoota nageenyaa biroo waliin qindoominaan hojjechuu, deeggarsi bakka barbaachisutti deeggarsa taasisuuf;
12) Faayidaaafi dantaa ummataafi mootummaa akkasumas qabeenya hojiif itti kenname kunuunsee eeguuf;
13) Iccitiifi odeeffannoo sababa hojiitiin beeke ifoomsuu dhabuuf;
14) Odeeffannoo sodaa nageenyaa argate battalumatti beeksisuuf.

## 19. Uffata Seeraa Gaachana Sirnaa

1) Miseensi Gaachana Sirnaa hojii nageenyaa irratti yammuu bobba'u uffata qaamolee nageenyaa biroo irraa adda ta'e uffachuu qaba.
2) Baasiin uffata Gaachana Sirnaatiif barbaachisu Fandii irraa kan uwwifamu ta'a.
3) Bifa, haala bittaafi itti fayyadama uffata seeraa miseensa Gaachana Sirnaa Qajeelfama bahuun kan murta'u ta'a.

## 20. Waraqaa Eenyummeessaa

1) Waraqaan eenyummeessaa Waajjirichaan qophaa'u miseensa Gaachana Sirnaatiif kan kennamu ta'a.
2) Miseensi Gaachana Sirnaa ta'e yeroo hojiif bobba'u waraqaa eenyummeessaa hojii isaa ibsu qabatee socho'uu qaba; yammuu gaafatamus argisiisuu qaba.
3) Miseensi waraqaan eenyummeessaa jalaa bade yookiin manca'e battalumatti Waajjiricha beeksisuu qaba.

9) በህብረተሰቡ ዘንድ መልካም ተምሳሌትነት ያለው መሆን፤
10) በአከባቢው በሚካሄደው የልማት እና ማህበራዊ እንቅስቃሴዎች ውስጥ ግንባር ቀደም ተሳታፊ መሆን፤
11) ከሌሎች የጸጥታ ሃይሎች ጋር በቅንጅት የመሥራት፤ ድጋፍ በሚያስፈልግበት ቦታ ድጋፍ የማድረግ፤
12) የህዝብንና የመንግስትን ፍላጎትና ጥቅም እንዲሁም ለሥራ የተሰጠውን ንብረት በአግባቡ የመያዝ፤
13) በሥራው ምክንያት ያወቀውን ሚስጥር እና መረጃን መጠበቅ፤
14) ያገኘውን የሠላም ስጋት የሆነ መረጃን ወዲያውኑ የማሳወቅ፡፡

## 19. የጋቻና ሲርና የደንብ ልብስ

1) የጋቸና ሲርና አባል በፀጥታ ማስከበር ስራ ላይ በሚሠማራበት ጊዜ ከሌሎች የሠላምና ጸጥታ የተለየ የደንብ ልብስ መልበስ አለበት፡፡
2) ለጋቸና ሲርና የደንብ ልብስ የሚያስፈልገው ወጪ ከፈንዱ የሚሸፈን ይሆናል፡፡
3) የጋቸና ሲርና አባል የደንብ ልብስ መልክ፣ የግዥ ሁኔታ እና አጠቃቀም በሚወጣ መመሪያ የሚወሰን ይሆናል፡፡

## 20. የመታወቂያ ወረቀት

1) በጽሕፈት ቤቱ የሚዘጋጀው መታወቂያ ወረቀት ለያንዳንዱ የጋቸና ሲርና አባል የሚሰጥ ይሆናል፡፡
2) የጋቸና ሲርና አባል ወደ ሥራ በሚሠማራበት ጊዜ ሁሉ ተግባሩን የሚገልጽ መታወቂያ ወረቀት ይዞ መንቀሳቀስ፤ እንዲያሳይ በሚጠየቅበት ጊዜም ማሳየት አለበት፡፡
3) የመታወቂያ ወረቀቱ የጠፋበት ወይም የተበላሸበት አባል ወዲያውኑ ለጽህፈት ቤቱ ማሳወቅ አለበት፡፡

9) To be a good role model in the society;
10) To be vanguard participant of the development and social activities accomplished at his surrounding;
11) Work in collaboration with other peace keeping forces; Providing support where it is found necessary;
12) To properly protect the advantages and interests of the people and the government as well as the properties provided to him for work purposes;
13) To keep the confidentiality of the secrets and information he has known due to his duty;
14) To immediately notify information received regarding security threat.

## 19. Uniform of Gachana Sirna

1) Member of Gachana Sirna shall wear a uniform which is different from other peace and security forces when he engages in to peace keeping missions.
2) The expense necessary for uniforms of Gachana Sirna shall be covered from the fund.
3) The color, manner of procurement and use of uniform of Gachana Sirna member shall be determined by the Directive to be issued.

## 20. Identity Card

1) Identity card prepared by the Office shall be provided to each member of Gachana Sirna.
2) Member of Gachana Sirna shall carry identity card describing his job whenever he is deployed for operations; He shall also show same in cases he is requested so.
3) Member whose identity card is lost or damaged shall forthwith inform same to the Office.

**21. Hundeeffama Gumii Gaachana Sirnaa**

1) Gumiin Gaachana Sirnaa kanaan booda "Gumii" jedhamee waamamu sadarkaa Gandaatti hundaa'ee jira.
2) Ittiwaamamni Gumii Bulchaa Gandichaatiif ta'a.
3) Baay'inni miseensota Gumii Bulchaa Gandichaatiin kan murtaa'u ta'a.
4) Raawwiin Keewwata kanaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.

**22. Aangoofi Hojii Gumii**

Gumiin aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Foo'annoofi filannoon miseensota Gaachana Sirnaa bu'uura ulaagaa Labsii kanaatiin akka raawwatamu ni taasisa;
2) Ummata qindeessuun deeggarsi barbaachisaan Gaachana Sirnaatiif akka taasifamu ni hojjeta;
3) Barbaachisummaa nageenya waloo irratti hawaasaaf hubannoo ni kenna;
4) Haala raawwii hojiifi naamusa miseensa Gaachana Sirnaa ni hordofa; kan naamusa badaa qabu adda ni baasa; ni gorsa; iddoo hanqinni jirutti tarkaanfiin akka fudhatamu ni taasisa;
5) Akkaataa aadaafi duudhaa sirna Gadaatiin ummanni gurmaa'ee nagaafi tasgabbii isaa akka eeggatu ni hojjeta;
6) Raawwii hojii Gaachana Sirnaa qaama dhimmi ilaalu waliin ta'uun ni qorata;
7) Hojiiwwan dabalataa biroo qaama aangoo qabu irraa kennamuuf ni hojjeta.

**21. የጋቸና ሲርና ጉባኤ መቋቋም**

1) የጋቸና ሲርና ጉባዔ ከዚህ በኋላ "ጉባኤ" ተብሎ የሚጠራ በቀበሌ ደረጃ ተቋቁሟል፡፡
2) የጉባኤው ተጠሪነት ለቀበሌ አስተዳዳሪ ይሆናል፡፡
3) የጉባኤ አባላት ብዛት በቀበሌ አስተዳዳሪው የሚወሰን ይሆናል፡፡
4) የዚህ አንቀጽ ዝርዝር አፈጻጸም በሚወጣ ደንብ የሚወሰን ይሆናል፡፡

**22. የጉባኤው ሥልጣንና ተግባር**

ጉባዔው የሚከተለው ሥልጣንና ተግባር ይኖረዋል፡-

1) የጋቸና ሲርና አባላት ምልመላ እና መረጣ በዚህ አዋጅ መስፈርቶች መሰረት እንዲፈጸም ያደርጋል፤
2) ህዝቡን በማቀናጀት ለጋቸና ሲርና አስፈላጊው ድጋፍ እንዲደረግለት ይሰራል፤
3) የጋራ ሰላም አስፈላጊነትን በሚመለከት ሕብረተሰቡን ግንዛቤ ያስጨብጣል፤
4) የጋቸና ሲርና አባላትን የሥራ አፈጻጸምና የሥነ-ምግባር ሁኔታን ይከታተላል፤ መልካም ያልሆነ ስነ-ምግባር ያለውን ይለያል፤ ይመክራል፤ ጉድለት ባለበት ቦታ እርምጃ እንዲወሰድ ያደርጋል፤
5) ሕዝቡ በገዳ ሥርዓት ባህልና እና እሴት መሠረት ተደራጅቶ ሰላምና ጸጥታውን እንዲጠብቅ ይሰራል፡፡
6) ጉዳዩ ከሚመለከተው አካል ጋር በመሆን የጋቸና ሲርና የሥራ አፈጻጸምን ይገመግማል፤
7) ሥልጣን ካለው አካል የሚሰጡትን ሌሎች ተጨማሪ ተግባራት ያከናውናል፡፡

**21. Establishment of Gachana Sirna Council**

1) Council of Gachana Sirna, hereinafter called "Council" is hereby established at kebele level.
2) Accountability of the Council shall be to the Kebele Administrator.
3) Number of members of the Council shall be decided by the Kebele Administrator.
4) Implementation particulars of this Article shall be determined by the Regulations to be issued.

**22. Power and Duties of the Council**

The Council shall have the following power and duties:

1) Cause recruitment and selection of Gachana Sirna members to be performed in accordance with the criteria of this Proclamation;
2) Work for necessary support to be provided for Gachana Sirna by coordinating the people;
3) Provide awareness raising lessons for the society on the necessity of collective peace;
4) Follow up the work performances and ethics of Gachana Sirna members; identify the unethical member and advise him; cause necessary measure to be taken where there manifested ethical problems;
5) Work for the people to be organized as per the culture and values of Geda System and maintain its peace and security;
6) Review the work performances of Gachana Sirna along with the concerned body;
7) Accomplish other additional tasks given to it by authorized body.

## Kutaa Sadii

## Aangoofi Hojii Qaamolee Adda Addaa

### 23. Aangoofi Hojii Mana Marii Nageenyaa

Seerota birootiin kan kennameef akkuma eegametti ta'ee, Manni Marii Nageenyaa sadarkaan jiru aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Gaachanni Sirnaa kaayyoo hundeeffameef hojjechuu isaa ol'aantummaan ni hordofa; iddoo rakkoon jirutti tarkaanfiin sirreeffamaa akka fudhatamu ni taasisa;
2) Qindoominni hojii gurmaa'insa Gaachana Sirnaafi qaamolee nageenyaa biroo gidduu jiru akka cimu hojimaata ni diriirsa; akka hojiirra oolu ni taasisa;
3) Raawwii hojii Gaachana Sirnaa ni hordofa; ni deeggara; ni gamaaggama; duubdeebii ni kenna;
4) Dandeettiin raawwachiisummaa Gaachana Sirnaa akka cimuuf tooftaalee adda addaa ni boca; hojiirra akka oolu ni taasisa;
5) Loojistikiiwwan adda addaa hojii Gaachana Sirnaatiif barbaachisu ni mijeessa; ni deeggara;
6) Gaachanni Sirnaa kaayyoo hundeeffameef akka milkeessuuf hojiiwwan gargaaran biroo ni raawwata.

### 24. Waajjira Milishaa

Seera birootiin kan kennameef akkuma eeggametti ta'ee, Waajjirichi aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Imaammata, tarsiimoofi karoora Gaachana Sirnaa ni qopheessa; qaama ilaallatuuf ni dhiyeessa; yammuu mirkanaaa'u ni raawwachiisa; akka raawwatamu ni taasisa;

## ክፍል ሦስት

## የተለያዩ አካላት ሥልጣንና ተግባር

### 23. የፀጥታ ምክር ቤት ሥልጣንና ተግባር

በሌሎች ሕጎች የተሰጡት ሥልጣንና ተግባራት እንደተጠበቀ ሆኖ፣ በየደረጃው ያለው የፀጥታ ምክር ቤት የሚከተለው ሥልጣንና ተግባር ይኖረዋል፡-

1) ጋቸና ሲርና ለተቋቋመለት ዓላማ መስራቱን በበላይነት ይከታተላል፤ ችግሮች ባሉበት ቦታ የማስተካከያ እርምጃ እንዲወሰድ ያደርጋል፤
2) በጋቸና ሲርና አደረጃጀት እና በሌሎች የፀጥታ አካላት መካከል ያለውን የሥራ እንቅስቃሴ ቅንጅት ለማጠናከር አሰራር ይዘረጋል፤ ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፤
3) የጋቸና ሲርናን የሥራ አፈፃፀም ይከታተላል፤ ይደግፋል፤ ይገመግማል፤ ግብረ-መልስ ይሰጣል፤
4) የጋቸና ሲርና የማስፈጸም አቅምን ለማጠናከር የተለያዩ ስልቶችን ይነድፋል፤ ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፤
5) ለጋቸና ሲርና ሥራ የሚያስፈልጉትን የተለያዩ ሎጅስቲክስ ያመቻቻል፤ ይደግፋል፤
6) ጋቸና ሲርና የተቋቋመለትን ዓላማ እንዲያሳካ የሚያግዙ ሌሎች ተግባራትን ያከናውናል።

### 24. የሚሊሻ ጽሕፈት ቤት

በሌሎች ሕጎች የተሰጠው ሥልጣን እና ተግባር እንደተጠበቀ ሆኖ ጽህፈት ቤቱ የሚከተለው ሥልጣንና ተግባር ይኖረዋል፡-

1) የጋቸና ሲርና ፖሊሲዎችን፣ ስትራቴጂዎችን እና ዕቅዶችን ያዘጋጃል፤ ለሚመለከተው አካል ያቀርባል፤ ሲፈቀድ ያስፈጽማል፤ እንዲፈጸም ያደርጋል፤
2) የጋቸና ሲርና አባላትን በወጣው መስፈርት መሰረት ያስመርጣል፤ እንዲሰለጥኑ ያደርጋል፤ ያደራጃል፤ እንደ አስፈላጊነቱ ያስታጥቃል፤

## Part Three

## Power and Duties of Various Bodies

### 23. Power and Duties of Security Council

Without prejudice to those assigned to it by other laws, the Security Council at each level shall have power and duties to:

1) Oversee as Gachana Sirna is performing for the purpose it is established; Cause corrective measure to be taken where there exist problems;
2) Establish operation system that help to strengthen the work collaborations between Gachana Sirna and other peace and security bodies; cause same to be implemented;
3) Follow up and support the work performances of Gachana Sirna; evaluate same; provide feedback;
4) Devise various mechanisms that help to build up the performance capacities of Gachana Sirna; cause same to be implemented;
5) Facilitate various logistics necessary for the functions of Gachana Sirna; support same;
6) Perform other activities that help Gachana Sirna attain its objectives of establishment.

### 24. Militia Office

Without prejudice to those assigned to it by other laws, the Office shall have following power and duties to:

1) Formulate policy, strategy and plan of Gachana Sirna and submit to the concerned body; implement; cause same to be implemented up on its approval;
2) Cause members of Gachana Sirna to be selected in accordance with the criteria set; make to be trained; organize and arm them as may be necessary;

2) Akkaataa ulaagaa baheetiin miseensa Gaachana Sirnaa ni filachiisa; akka leenji'an ni taasisa; ni gurmeessa; akkaataa barbaachisummaa isaatti ni hidhachiisa;
3) Sagantaa bahu irratti hundaa'uudhaan Gaachana Sirnaa hojiitti ni bobbaasa; ni hordofa;
4) Gaachana Sirnaatiif deeggarsi barbaachisu akka taasifamuuf ni hojjeta;
5) Raawwii hojii Gaachana Sirnaa ni hordofa; ni deeggara; gabaasa raawwii hojii isaanii qaama dhimmi ilaaluuf ni dhiyeessa; bakka hanqinni jirutti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;
6) Dandeettiin raawwachiisummaa miseensa Gaachana Sirnaa akka cimu qaama dhimmi ilaallatu biroo waliin ta'uun leenjii adda addaa ni kenna; akka kennamu ni taasisa; bu'a qabeessummaa isaa ni hordofa;
7) Fandiin Gaachana Sirnaa akka hundeeffamu ni taasisa; yammuu hayyamamu hojiirra ni oolcha; ni bulcha; raawwiin isaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a;
8) Badhaasaafi beekamtii Dambii bahuun murtaa'u ni raawwachiisa; akka raawwatamu ni taasisa;
9) Hojiiwwan biroo Gaachana Sirnaa bu'a qabeessa taasisan ni hojjeta.

## Kutaa Afur
## Tumaalee Adda Addaa

### 25. Madda Baajataa

Baajanni Gaachana Sirnaa madda armaan gadii irraa kan uwwifamu ta'a:

1) Fandii Gaachana Sirnaa irraa; fi
2) Kennaafi deeggarsa qaamolee adda addaa irraa argamu.

### 26. Gochoota Dhorkaman

Miseensi Gaachana Sirnaa gochaalee armaan gadii raawwachuun dhorkaadha:

1) Meeshaa waraanaa hidhate seeraan ala nama biraatti dabarsee kennuu;

3) በሚወጣው መርሃግብር ላይ በመመስረት ጋቻና ሲርናን ወደ ሥራ ያሰማራል፤ ይከታተላል፤
4) ለጋቻና ሲርና አስፈላጊው ድጋፍ ድንዲደረግለት ይሰራል፤
5) የጋቻና ሲርና የሥራ አፈፃፀም ይከታተላል፤ ይደግፋል፤ የሥራ አፈጻጸም ሪፖርታቸውን ለሚመለከተው አካል ያቀርባል፤ጉድለቶች ባሉበት ቦታ የማስተካከያ እርምጃ ይወስዳል፤ እንዲወሰድም ያደርጋል፤
6) የጋቻና ሲርና አባላትን የማስፈፀም አቅም ለማዳበር ከሌሎች የሚመለከታቸው አካላት ጋር በመሆን የተለያዩ ስልጠናዎችን ይሰጣል፤ እንዲሰጥ ያደርጋል፤ ውጤታማነቱንም ይከታተላል፤
7) የጋቻና ሲርና ፈንድ እንዲቋቋም ያደርጋል፤ ሲፈቀድም በመተግባር ላይ ያውላል፤ ያስተዳድራል፤ አፈጻጸሙ በሚወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል፤
8) በሚወጣው ደንብ የሚወሰነውን ሽልማት እና እውቅናዎችን ያስፈጽማል፤ እንዲፈጸም ያደርጋል፤
9) የጋቻና ሲርናን ውጤታማ የሚያደርጉ ሌሎች ተግባራትን ያከናውናል።

## ክፍል አራት
## ልዩ ልዩ ድንጋጌዎች

### 25. የበጀት ምንጭ

የጋቻና ሲርና በጀት ከሚከተሉት ምንጮች የሚሸፈን ይሆናል፡-

1) ከጋቻና ሲርና ፈንድ፤ እና
2) ከተለያዩ አካላት ከሚገኝ ስጦታ እና ድጋፍ።

### 26. የተከለከሉ ድርጊቶች

የጋቻና ሲርና አባል የሚከተሉትን ድርጊቶች መፈጸም የተከለከለ ነው፡-

1) የታጠቀውን የጦር መሳሪያ በሕገ-ወጥ መንገድ ለሌላ ሰው አሳልፎ መስጠት፤

3) Deploy Gachana Sirna in to an operation based on the schedule to be set; follow up same;
4) Work for the necessary support to be made for Gachana Sirna;
5) Follow up and support the work performances of Gachana Sirna; present their work performances report to the concerned body; take; cause to be taken corrective measures where there exist shortcomings;
6) Provide; cause to be provided various training in collaboration with other concerned bodies with a view to strengthen the performance capacities of members of Gachana Sirna; follow up its achievement;
7) Cause establishment of Gachana Sirna fund; implement and administer same up on its approval; Its implementation particulars shall be determined by the Regulation to be issued;
8) Implement; cause to be implemented the award and recognition program to be determined by the Regulation to be issued;
9) Perform other tasks that help Gachana Sirna to be successful.

## Part Four
## Miscellaneous Provisions

### 25. Source of Budget

Budget of Gachana Sirna shall be covered from the following sources:

1) From the fund of Gachana Sirna; and
2) Donation and supports obtained from various bodies.

### 26. Prohibitions

It is prohibited for member of Gachana Sirna to perform the following acts:

1) Transferring his firearms to another person illegally;

2) Hidhannoo dhuunfaan qabu qaama aangoo qabu biratti osoo hin galmeessisin itti fayyadamuu;
3) Yeroo hojiif bobba'utti waraqaa eenyummeessaa miseensummaa isaa ibsu osoo hin qabatin socho'uu;
4) Ragaa sobaa dhiyeessuun faayidaa adda addaa akka raawwatamuuf gaafachuu;
5) Iccitiifi odeeffannoo sababa hojiitiin beeke qaama birootiif dabarsee kennuu;
6) Dirqama irra yeroo jirutti ajaja seera qabeessa ta'e fudhachuu diduu;
7) Gahee hojiifi ittigaafatamummaa itti kenname karaa hin malleen fayyadamuun yookiin hojiirra oolchuun faayidaa namoota dhuunfaa, ummataafi mootummaa miidhuu.

## 27. Adabbii Yakkaa

1) Miseensi gaachana sirnaa kamiiyyuu:
(a) Meeshaa waraanaa hidhate seeraan ala nama biraatti yoo dabarse yookiin hidhannoo dhuunfaan qabu qaama aangoo qabu biratti osoo hin galmeessisin itti fayyadamee yoo argame akkaataa seera rogummaa qabuutiin kan adabamu ta'a;
(b) Yeroo hojiif bobba'utti waraqaa eenyummeessaa miseensummaa isaa ibsu osoo hin qabatin hojiirratti argame hidhaa salphaa baatii jaha hin caalleen adabama;
(c) Seera birootiin caalmaatti kan adabsiisu yoo ta'e malee, miseensi Gaachana Sirnaa iccitiifi odeeffannoo sababa hojiitiin beeke qaama birootiif kan dabarse yoo ta'e, hidhaa cimaa waggaa tokkoo gad hintaane, waggaa shan hin caalleen adabama;
(d) Dirqama irra yeroo jirutti ajaja seera qabeessa ta'e fudhachuu kan dide yoo ta'e, hidhaa salphaa waggaa tokko hin caalleen adabama;

2) በግሉ ያለውን ትጥቅ ሥልጣን ላለው አካል ሳያስመዘግብ መጠቀም፤
3) ለሥራ በሚሰማራበት ጊዜ አባልነቱን የሚገልጽ መታወቂያ ካርዱን ሳይይዝ መንቀሣቀስ፤
4) የሐሰት ማስረጃዎችን በማቅረብ የተለያዩ ጥቅሞች እንዲፈጸሙለት መጠየቅ፤
5) በሥራው ምክንያት ያውቀውን ሚስጥር እና መረጃ ለሌላ አካል አሳልፎ መስጠት፤
6) በግዴታ ላይ ሣለ ህጋዊ ትዕዛዞችን አለመቀበል፤
7) የተሰጠውን ተግባርና ኃላፊነት ያለአግባብ በመጠቀም ወይም ሥራ ላይ በማዋል የግለሰቦችን፣ የህዝብንና የመንግስትን ጥቅም መጉዳት::

## 27. የወንጀል ቅጣቶች

1) ማንኛውም የጋቸና ሲርና አባል፡-
(ሀ) የታጠቀውን የጦር መሣሪያ በሕገ-ወጥ መንገድ ለሌላ ሰው ካስተላለፈ ወይም በግል ያለውን የጦር መሣሪያ ሥልጣን ባለው አካል ሳያስመዘግብ ተጠቅሞ የተገኘ እንደሆነ አግባብነት ባለው ሕግ መሠረት የሚቀጣ ይሆናል::
(ለ) ለሥራ በሚሰማራበት ጊዜ አባልነቱን የሚገልጸውን መታወቂያ ካርዱ ሳይይዝ ሥራ ላይ ከተገኘ ከስድስት ወር በማይበልጥ ቀላል እሥራት ይቀጣል::
(ሐ) በሌሎች ሕጎች የበለጠ የሚያስቀጣ ካልሆነ በስተቀር የጋቸና ሲርና አባል በሥራው ምክንያት ያወቀውን ሚስጥር እና መረጃ ለሌላ አካል አሳልፎ የሰጠ እንደሆነ ከአንድ ዓመት በማያንስ እና ከአምስት ዓመት በማይበልጥ ጽኑ እስራት ይቀጣል::
(መ) በግዴታ ላይ እያለ ህጋዊ ትዕዛዞችን ለመቀበል እምቢተኛ ከሆነ ከአንድ ዓመት በማይበልጥ ቀላል እሥራት ይቀጣል::

2) Using private weapon in his possession without getting it registered to the authorized body;
3) Failing to carry the identity card describing his membership while he sets out for operations;
4) Requiring payment of various benefits by producing false evidences;
5) Transferring to other person the secrets and information he has known due to his duty;
6) Refusal of the lawful order while he is on duty;
7) Impairing the interests of private persons, the public and government by abusing the duty and responsibility entrusted to him.

## 27. Criminal Penalty

1) Any member of Gachana Sirna shall be:
(a) Punishable pursuant to the relevant laws if he illegally transfers to another person a firearm he has been armed or is found using the private firearm in his possession without registering it with the competent authority;
(b) Punishable with simple imprisonment not exceeding six months, if he is found on duty without holding identity card describing membership while engaged on duty;
(c) Unless punishable with more severe penalty under other laws, punishable in rigorous imprisonment not less than one year and not exceeding five years, if he transfers to another body, the secrets and information he has known due to his duty;
(d) Punishable with simple imprisonment not exceeding one year, if he refuses to obey a lawful order while he is on duty;

(e) Seera birootiin caalmaatti kan adabsiisu yoo ta'e malee, gahee hojiifi ittigaafatamummaa itti kenname karaa hin malleen fayyadamuun faayidaa hin malle ofiif yookiin nama biraaf kan argamsiise yookiin faayidaa nama dhuunfaa, ummataa yookiin mootummaa irra miidhaa kan geessise yoo ta'e akkaataa faayidaa argamee yookiin miidhaa dhaqqabeetiin hidhaa cimaa waggaa tokkoo gadi hin taane, waggaa kudhan hin caalleefi adabbii maallaqaa hanga Qarshii kuma digdamaa gahuun adabama;

(f) Seera birootiin caalmaan kan adabsiisu yoo ta'e malee, gochaalee Labsii kanaan dhorkaman biroo raawwatee yoo argame hidhaa salphaa baatii jaha hin caalleen yookiin adabbii maallaqaa Qarshii kuma shan hin caalleen adabama.

2) Seera biraatiin caalmaan kan adabsiisu yoo ta'e malee, namni kamiyyuu ragaa sobaa dhiyeessuun fayidaalee adda addaa akka raawwatamuuf kan gaafate yookiin kan fudhate yoo ta'e, hidhaa cimaa waggaa sadii hanga waggaa kudhaniitiin adabama.

## 28. Dirqama Deeggarsa Kennuu

Namni kamiyyuu dhimmoota Labsii kana keessatti hammataman hojiirra oolchuuf deeggarsa kennuuf dirqama qaba.

## 29. Seerota Raawwatiinsa Hin Qabaanne

Labsiin, Dambiin, Qajeelfamni yookiin barmaatileen hojii Labsii kanaan walfaallessan kamiyyuu dhimmoota Labsii kana keessatti hammataman irratti raawwatiinsa hin qabaatan.

(ሠ) በሌሎች ሕጎች የበለጠ የሚያስቀጣ ካልሆነ በስተቀር የተሰጠውን ተግባርና ኃላፊነት ያለአግባብ በመጠቀም የማይገባ ጥቅም ለራሱ ወይም ለሌላ ሰው ያስገኘ ወይም በግለሰቦች በሕዝብ እና በመንግሥት ጥቅም ላይ ጉዳት ያስከተለ እንደሆነ እንደተገኘው ጥቅም ወይም እንደደረሰው ጉዳት ሁኔታ ከአንድ አመት በማያንስ እና ከአሥር አመት በማይበልጥ ጽኑ እስራት እንዲሁም እስከ ሃያ ሺህ ብር በሚደርስ የገንዘብ መቀጮ ይቀጣል፡፡

(ረ) በሌሎች ሕጎች የበለጠ የሚያስቀጣ ካልሆነ በስተቀር፣ በዚህ አዋጅ የተከለከሉ ሌሎች ድርጊቶችን በመፈጸም ጥፋተኛ ሆኖ ከተገኘ ከስድስት ወር በማይበልጥ ቀላል እሥራት ወይም ከአምስት ሺህ ብር በማይበልጥ የገንዘብ መቀጮ ይቀጣል፡፡

2) በሌሎች ሕጎች የበለጠ የሚያስቀጣ ካልሆነ፤ በስተቀር ማንኛውም ሰው የሀሰት ማስረጃ በማቅረብ የተለያዩ ጥቅማ ጥቅሞችን እንዲፈጸሙለት የጠየቀ ወይም የተቀበለ እንደሆነ ከሦስት እስከ አሥር ዓመት በሚደርስ ጽኑ እሥራት ይቀጣል፡፡

## 28. ድጋፍ የመስጠት ግዴታ

ማንኛውም ሰው በዚህ አዋጅ ውስጥ የተሸፈኑትን ጉዳዮች ተግባር ላይ ለማዋል የሚረዳ ድጋፍ የመስጠት ግዴታ አለበት፡፡

## 29. ተፈፃሚነት የማይኖራቸው ሕጎች

ከዚህ አዋጅ ጋር የሚቃረኑ ማናቸውም አዋጅ፣ ደንብ፣ መመሪያ ወይም ልማዳዊ አሰራር በዚህ አዋጅ ውስጥ በተካተቱ ጉዳዮች ላይ ተፈፃሚነት አይኖራቸውም፡፡

(e) Unless punishable with more severe penalty under other laws, punishable with rigorous imprisonment not less than one year, not exceeding ten years and fine up to twenty thousand birr, depending on the benefit acquired or damage caused, if he impairs the interests of private person, of the public or government by abusing the duty and responsibility entrusted to him.

(f) Unless punishable with more severe penalty under other laws, punishable with simple imprisonment not exceeding six months or fine penalty not exceeding five thousand birr, if he is found committing other acts prohibited under this proclamation.

2) Unless punishable with more severe penalty under other laws, any person who requested or received various benefits by presenting false evidence shall be punishable with rigorous imprisonment from three years to ten years.

## 28. Obligation to Cooperate

Any person is obliged to cooperate for the implementation of matters covered under this Proclamation.

## 29. Inapplicable Laws

Any Proclamation, Regulation, Directive or customary practices in contradiction with this Proclamation shall not be applicable on the matters covered under this Proclamation.

**30. Aangoo Dambiifi Qajeelfama Baasuu**

1) Manni Maree Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Labsii kana raawwachiisuuf Dambii baasuu ni danda'a.

2) Waajjirichi Dambii bu'uura Labsii kanaatiin bahu raawwachiisuuf Qajeelfama baasuu ni danda'a.

**31. Yeroo Labsichi Hojiirra Itti Oolu**

Labsiin kun guyyaa Magalata Oromiyaa irratti maxxanfamee bahe irraa eegalee hojiirra kan oolu ta'a.

**Finfinnee,**
**Bitootessa 13 bara 2014**
**Shimallis Abdiisaa**
**Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa**



**30. ደንብና መመሪያ የማውጣት ሥልጣን**

1) የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት መስተዳድር ምክር ቤት ይህን አዋጅ ተግባር ላይ ለማዋል ደንብ ሊያወጣ ይችላል።

2) መሥሪያ ቤቱ በዚህ አዋጅ መሠረት የሚወጣን ደንብ ተግባር ላይ ለማዋል መመሪያ ሊያወጣ ይችላል።

**31. አዋጁ ሥራ ላይ የሚውልበት ጊዜ**

ይህ አዋጅ በመገለተ ኦሮሚያ ታትሞ ከወጣበት ቀን ጀምሮ ሥራ ላይ የሚውል ይሆናል።

**ፊንፊኔ**
**መጋቢት 13 ቀን 2014 ዓ.ም**
**ሽመልስ አብዲሳ**
**የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት ፕሬዝዳንት**



**30. Power to Issue Regulation and Directive**

1) The Oromia Regional State Administrative Council may issue Regulation to implement this Proclamation.

2) The Office may issue Directive to implement the Regulation issued as per this Proclamation.

**31. Effective Date**

This Proclamation shall come in to force as of the date of its publication on Megeleta Oromia.

**Finfine**
**March 22, 2022**
**Shimelis Abdisa**
**President of Oromia Regional State**

**©Waajjira Caffee Oromiyaatiin Kan Maxxanfame**
በጨፌ ኦሮሚያ ጽ/ቤት የታተመ
**Published by The Secretariat of " Caffee" Oromia**
**Waxabajjii 1 Bara 2015 / ሰኔ 1 ቀን 2015 / June 8 , 2023**